Washington State Department of Social & Health Services
Transforming lives

Heyyama

YAADACHIISA MAAMMILOOTAAF: Muummeen Tajaajila Hawaasummaa fi Fayyaa (DSHS) caalaatti si gargaaruu danda'a yoo ejensiilee fi ogeessota biroo siifi maatiikee beekan waliin hojjechuu dandeenye. Unka kana mallatteessuudhaan, DSHS fi ejensiilee fi namoota dhuunfaa gaditti tarreeffamaniif odeeffannoo iccitawaa waa'ee kee akka fayyadamaniifi qoodan heyyama kennaa jirta. Yoo unka kana hin mallatteessitu ta'e DSHS'n faayidaalee si dhowwachuu hin danda'u yoo akka ulaagaa guuttu murteessuuf heeyyamikee barbaadame malee. Yoo unka kana hin mallatteessitu ta'e, DSHS'n ammallee odeeffannoo waa'ee kee haga seeraan heyyamamu qooduu danda'a. Yoo DSHS'n akkamiin odeeffannoo iccatawaa maammilaa akka qoodu yookiin waa'ee mirgoota iccitiin dhuunfaakee gaaffiilee qabaattee, maaloo Yaadachiisa Shaakaloota Iccitii Dhuunfaa DSHS mariisisi yookiin nama unka kana siif kennu gaafadhu.

MAAMMILA ADDA BAASUU:

MAQAA	GUYYAA DHALOOTAA	LAKKOOFSA EENYUMMEESSAA

TEESSOO	MAGAALAA	ISTEETII	KOODII ZIP

LAKKOOFSA BILBILAA (KOODII NAANNOO DABALATEE)	ODEEFFANNOO BIROO

HEYYAMA:

Odeeffannoo iccitawaa waa'eekoo kan DSHS keessaa tajaajila karoorsuuf, dhiyeessuuf, fi qindeessuuf, yaaliif, kanfaltiifi, fayidaaleekoof yookin dhimma seeraan heyyamamuuf akka itti fayyadamu heyyama nan kenna. Dabalataanis DSHS'fi ejensiilee, dhiyeessitoota, yookiin namoota gaditti tarreeffamaniif odeeffannoo iccitawaakoo akka itti fayyadamanii fi dhimmoota kanneeniif akka walitti agarsiisaniif eeyyama nan kenna. Odeeffannoon afaanii yookiin dabarsaa daataa kompiwuteraan, poostaan, yookiin harkaan geessissuudhaan qoodamuu mala.

Maaloo kanneen gadii heyyama kana keessatti hammataman fili DSHS tti dabalataan akkasumas magaa fi teessoodhaan adda isaan baasi:

- ☐ Kennitoota yaala fayyaa: _____
- ☐ Kennitoota yaala fayyaa sammuu: _____
- ☐ Kennitoota tajaajila rakkoo itti fayyadama wantootaa: _____
- ☐ Kennitoota DSHS'n waliigalan biroo: _____
- ☐ Sagantaalee mana jireenyaa: _____
- ☐ Aanaalee mana barnootaa yookiin Kolleejjiiwwanii: _____
- ☐ Muummee Sirreeffamootaa: _____
- ☐ Muummee Nageenya Qaxarrii fi michoota qaxarrii isaa: _____
- ☐ Bulchiinsa Nageenya Hawwaasummaa yookiin ejensii federaalaa biroo: _____
- ☐ Tartiita itti hidhamee jiru ilaali
- ☐ Kan biraa:

Galmeewwan fi odeeffannoo itti aanan qooduukoo ittan waliigala nan eyyamas (kan ilaallatu hunda fili):

☐ Galmeewwan maammilakoo hunda ☐ Galmeewwan tartee itti hidhamanii jira irraa

☐ Galmeewwan kanatti aananii jiran qofa

- ☐ Maatii, hawaasaa fi seenaa qaxarrii
- ☐ Odeeffannoo yaala fayyaa
- ☐ Yaaliiwwan yookiin karoowwan kunuunsa
- ☐ Galmeewwan kanfaltii
- ☐ Madaalliiwwan dhuunfaa
- ☐ Mana barnootaa, barnootaa, fi leenjii
- ☐ Kan biraa(tartee):

MAALOO HUBADHU: Yoo galmeewwan maammila keetii odeeffannoolee itti aanan kamiyyuu kan haammatu tahe,galmeewwan kanneen hammachiisuuf kutaa kanas xumuruu qabda.

Galmeewwan itti aanan ifa gochuuf heeyyamakoo nan kenna(kan ilaallatu hunda fili):

☐ Fayyaa samuu ☐ HIV/AIDS fi bu'aawwan qorannoo STD, qorannoo, yookiin yaalii ☐ Rakkoo Itti Fayyadama Waantootaa

- Waliigalteen kun ☐ Waggaa tokkoof ☐ haga DSHS'n galmeewwan barbaadutti, yookiin ☐ haga _____ (guyyaa yookiin taatee)tti nii hojjeta.

- Waliigaltee kana yeroo kamittuu barreeffamaan haquu yookaan keessaa bahuu nan mala, garuu sun odeeffannoo dursee qoodame irratti dhiibbaa hin qabaatu.

- Galmeewwan waliigaltee kana jalatti qoodaman seera DSHS irratti hojiirra ooluun kana booda akka eegamuu hin malle nan hubadha.

- Galagalchi unka kanaa galmeewwan akka qoodaman heeyyamuukoo nii mul'isa.

MALLATTOO	GUYYAA	RAGAA/ YAADANNOO (YOO NII ILAALLATA TA'E, MALLATTEESSII MAQAAS MAXXANSI)	GUYYAA

MAATII OR MALLATTOO BAKKA BU'AA BIRAA (YOO NII ILAALLATA TA'E)	LAKKOOFSA BILBILAA (KOODII NAANNOO DABALATEE)	GUYYAA

Yoo ani abbaa galmeewwanii miti ta'e: akkan mallatteessuuf naaf heyyamameera sababni isaa ani: (mirkaneessa aangoo itti qabsiisi)

☐ Maatii ☐ Guddisaa Seeraa (ajaja mana murtii itti qabsiisi) ☐ Bakka bu'aa dhuunfaa ☐ kan biraa:

HUBACHIISA NAMOOTA ODEEFFANNOO FUDHATUUF: **Yoo galmeewwan kunneen odeeffanoo waa'ee HIV, STDs, yookiin AIDS qabaate, heyyama addaa maammila malee odeeffannoo sana dabalataan ifa baasuu dhiisuu malta.** Yoo odeeffannoo **itti fayyadama seeraan alaa qorichaa yookiin alkooli**kan maammilaan wal qabatu fudhatte, yeroo odeeffannoo dabalataa ifa baastu ibsa itti aanee jiru itti dabaluu qabda akka 42 CFR 2.32 dhaan barbaadamutti:

Odeeffannoon kun kan siif ifa bahe galmeewwan seerota iccitummaa Federaalaatiin eegaman irraati(42 CFR kutaa 2). Seeronni Federaalaa akka ati dabalataan odeeffannoo kana ifa baastu si dhowwa, yoo dabalataan ifa baasuun waliigaltee barreeffamaan namicha isa ilaallatuun heeyyami yoo mul'ifame malee yookiin akka 42 CFR kutaa 2 tti kan eeyyamamu yoo ta'e malee. Heyyamni waliigalaa Kan gidduu yookiin odeeffannoo biroon akka gadhiifamuuf dhimma kanaaf gahaa miti. Seeronni Federaalaa dhukkubsataa qoricha yookiin alkoolii seeraan ala itti fayyadamu qorachuuf yookiin seeraan himachuuf itti fayyadama odeeffannoo kanaa kamiyyuu nii daangessa.

UNKA WALIIGALTEE GUUTUUF QAJEELFAMOOTA

Dhimma: Unka kana yeroo heeyyama odeeffannoo iccitawaa waa'ee maammilaa DSHS keessa jiruu haala itti fufaa ta'een itti fayyadamuu barbaaddu yookiin odeeffannoo sana ejensiilee birootti akka isaan tajaajila qindeessaniif ifa baasuuf yookiin yaaliif, kanfaltiif yookiin adeemsota ejensiileef yookiin dhimmoota biroo seeraan beekamuuf itti fayyadami. Maammiloonni namoota DSHS irraa faayidaalee yookiin tajaajiloota fudhataniidha.

Fayyadami: Unka kana yoo danda'ame dubbisaaf akka salphatuuf kara elektiirooniksiin guuti, **Unki adda adda ta'e tokko tokkoo namaaf guutamu qaba, ijoollee dabalatee.** "Ati" qajeelfamoota keessatti hojjetaa DSHS ilaalata "ati" inni unka irraa ammoo maammila ilaallata. Galmeewwan qooduun itti fayyadama fi ifa baasuu odeeffannoo iccitawaa waa'ee maammilaa dabalata.

Kutaalee Unkaa:

EENYUMMEESSAA:

- Maqaa: Tokkoo tokkoo unkaa irratti maqaa maammila tokkoo qofa dhiyeessi. Maqaa duraanii maammilaa kamiyyuu kan yeroo tajaajila fudhachuu itti fayyadamamuu malu itti dabali.
- Guyyaa Dhalootaa: Namoota maqoota walfakkaataa qaban irraa maammila adda baasuuf barbaadama.
- Lakkoofsa Eenyummeessaa: Lakkoofsa eenyummeessaa maammilaa yookiin adda baastuu kan biraa kan akka lakkoofsa nageenya hawaasummaa (hin barbaachisu) galmeewwan adda baasuu seenaa fi tajaajila fudhatame hordofuuf akka gargaaruuf dhiyeessi.
- Teessoo fi bilbila: Odeeffannnoon dabalataa kan bakka maammilaa mul'isu fi adda baasuu yookiin quunnamuuf gargaaru.
- Kan biraa: Odeeffannnoon dabalataa kamiyyuu kan bakka galmeewwanii kan qaamota DSHS tajaajiloota, maqoota miseensa maatii, yookiin odeeffannoo walfakkaataa biroo keessatti hirmaatan hammachuu malu mul'isuuf Saanduqa kana keessatti hammachiisi.

WALIIGALTEE(HEYYAMA):

- Ejensiilee yookiin namoota galmeewwan walii qoodan: Maammilli unka kana guutuun odeeffannoo iccitawaa itti fayyadamaa fi DSHS hunda keessatti qooduufi. DSHS'n odeeffannoo iccitawaa ejensiilee alaa yookiin namoota tarreeffamaniin ala irraa fudhachuu fi ifa baasuufii nii danda'a. Odeeffannoo waa'ee ejensiilee yookiin dhiyeessitootaa adda baasu, maqaa, teessoo yookiin yoo danda'ame bakka dabalatee dhiyeessi. Tarree ejensiilee odeeffannoo qooddachuun heyyamamuuf itti qabsiisuu malta kan maammilli illee mallatteessuu qaban.
- Odeeffannnoon dabalamu: Mammilloonni galmeewwan waliigalteen hammataman agarsiisuu qaba. Maammiloonni galmeewwan argamuu danda'an hunda yookiin galmeewwan hammataman guyyaan, gosa yookiin madda galmeen daangessuu nii mala. Yoo maammilli waliigaltee hin mallatteessu ta'e yookiin galmee wayii hin agarsiisu ta'e, galmee sana qooduun ammallee nii eeyyamama yoo seeraan kan heyyamamu ta'e. Tartiiba galmeewwan hammataman kan maammilli illee mallatteesuu qaban itti qabsiisuu malta. Yoo galmeewwan kamiyyuu odeeffannoo fayyaa sammuun (RCW 71.05.620), HIV/AIDS yookiin qorannoo yookiin yaalii STD (RCW 70.02.220), yookiin tajaajila qorichaa fi alkoolii (42 CFR 2.31(a)(5)) walqabatu kan hammatu ta'e, maammilli addatti naannoo sanatti mallattoo gochuun galmeewwan sana qooduuf heyyama akka kennu gochuu qaba. Unki kun yaadannoo fiiziyoteraappii hammachuuf 45 CFR 164.508(b)(3)(ii) jalatti hin hojjetu, galmeewwan sana hammachuuf unki addaa guutamuu qaba.
- Turtii: IGuyyaa waliigalteen dhimma sagantaa keetii tajaajilu yookiin akka seeraan kennamutti hojiin ala ta'u itti dabali.
- Hubannoo: Akka maammilli waan heeyyamni itti kennameef hubatu mirkanneefadhu akkasumas akkamii fi maaliif odeeffannoon akka qoodamu. Yoo barbaadame, unka afaan biraatti hiikuu fi turjumaana fayyadami yookiin unka sana sagalee ol kaasii dubbisi. Yoo maammilli odeeffannoo dabalataa barbaadan, galagaltoo dabalataa Hubachiisa Shaakala Iccitii Dhuufaa DSHS yookiin maammila sana ogeessa ifa baasuu hawaasaa kutaa keetti dabarsi.

MALLATTOO:

- Maammila: Maammilli yookiin ijoolleen umrii waliigalteen ol ta'an (fayyaa sammuuf akkasumas tajaajila qorichaa fi alkooliif 13; HIV/AIDS fi STD kan biroof 14; ittisa da'umsaa fi ulfa baasuuf umrii kamiyyuu; yaala fayyaa fi galmeewwan biroof 18) saanduqa kana keessatti akka mallatteessan godhi akkasumas guyyaa mallattoo galchi. Maammilli mallatoo saanduqa kana keessaa akka ati ragaa baatu bakka buusuu mala.
- Ragaa yookiin Yaadannoo: Ragaan tokko yookaan yaadannoon eenyummaa kee mirkaneessuuf barbaachisuu mala yoo unka kana qaamaan hin galchitu ta'e yookiin yoo sagantichi mirkaneeffannaa gaafate. Namni kun mallatteessuu akkasumas maqaa isaa yookiin ishee maxxansuu qaba.
- Maatiin yookiin Bakka Bu'aa Biraa: Yoo maammilli daa'ima umrii waliigaltee gadi ta'e, maatiin yookiin eegduu mallatteessuu qabu. Yoo daa'imni galmeewwan qoodamu hundumaaf umrii waliigaltee hin guutu ta'e, maatii fi daa'imni lamaanuu mallatteessuu qabu. Yoo maammilli seeraan akka hin dandeenye labsame, eegduun mana murtii ramadame mallatteessuu qaba akkasumas galagalcha ajaja beellamaa dhiyeesuu qaba. Yoo namni tokko dandeetti biraan kan mallatteessu ta'e(aangoo abbaa alangaan yookiin bakka bu'aa isteetii tiin dabalatee), "kan biraa" kan jedhu mallattoo itti godhi akkasumas galagalcha aangoo seeraa ittiin hojjetu fudhadhu. Namni mallatteessu sun mallattoo sanatti guyyaa barreessuu akkasumas odeeffannoo quunnamtii lakkoofsa bilbilaa kennuu qaba.